# BENEFIT-ISSD Project Oromia East Unit Haramaya University

## Newsletter, May 2018

# Ergaa Gulaalaa

Dubbistoota maxxansa keenyaa biyya keessaa fi biyya alaa jirtan hunda nagayaan isiniif haa ta'u jenna! Kun maxxansa isa Afraffaa Pirojeektii BENEFIT-ISSD damee Oromiya bahaa yoo ta'u, isin waliin waliif qooduu keenyaaf gammachuu nutti dhagahama. Kaayyoon BENEFIT-ISSD Itoophiyaa misooma sektara sanyii cimaa ta'ee, gabaa giddu-galeeffatee fi babal'ina qabuu jajjabeessuu dha. Irra caallattis qonnaan bultootni dhiiraa fi dubartoota ta'an sanyii qulqulluu fi filatamaa tahe, hangaa fi yeroo barbaadametti akka argatan taasisuu dha.

Barruuleen kun hojiilee fi oduulee milkaa'inaa Pirojeektii BENEFIT-ISSD damee Oromiya bahaa tamsaasuuf meeshaa akka ta'u kan yaadameedha. Akka walii-galatti, ji'oota Ammajjii hanga Caamsaa bara kan bara 2010 ALI/2018 keessatti hojiiwwanii fi bu'aalee ykn milkaa'ina pirojektichaa jiran ilaalchisee dubbistootaaf hubannoo ni kenna jedhamee ni abdatama. Odeeffannoowwanii fi oduuwwan milkaa'inaa barruulee kana keessatti dhiyaatan kan maddan sirna sanyii al-idilee, misooma LSB, walitti hidhata sanyii fi waljijjiiraa beekumsaa fi dagaagina dandeetii jalatti kan galmaa'aniidha.

Barruuleen kun irra caalatti Afaan Oromootiin kan qophaa'e yoo ta'u, inniis dubbistootni keenya sadarkaa naannootti argaman beekumsaa fi odeefannowwan keeenya irraa salphatti akka fayyadaman taasisuudhaaf kan yaadameedha.

Barruuleen kun dubbistoota hedduu sadarkaa naannichaatiif (Oomishttoota sanyii, qonnaan bultoota, hojattoota misoomaa, oggeesota, qorattootaafi kkf) muuxxannoo akka qooduufi akkasumaas kaka'umsa ykn si'aayina akka ta'u hawwii keenyadha.

Xumurarattis, qonnaan bultootni biyya keenyaa sanyii qulqulluu fi filatamaa tahe hanga barbaadamee fi yeroo barbaadametti akka argatan mirkanneessuuf qindoominaan haa hojjanu ergaa jedhu dabarsuun barbaada.

Dubbisa gariin isiniif hawwa!

Kamaal Qaasim,

+251-913179853,
kemalkasim@yahoo.com
http://www.haramaya.edu.et/
http://www.issdethiopia.org/

# BAAFATA

| | |
|---|---|
| **Ergaa Gulaalaa** | 1 |
| **Regional update** | 2 |
| **Yaadolee Haaraa Pirojeektii ISSD damee Oromiyaa Bahaatiin Galmaa'an** | 4 |
| **Tooftaa Sanyiin Haaraa fi Qulqulluun Saffisaan Qonnaan Bultoota Dhaqabu: Imala Milkaa'ina Pirojeektii ISSD Irraa** | 6 |
| **Yuunivarsiitii Haramaayaatti Giddugaleessa To'annoo fi Mirkaneessa Qulqullina Sanyii (GTMQS) hundeessu: Bu'aawwan argaman, Hudhaawwan muudatanii fi kallattii fuuladuraa** | 9 |
| **Caasaa Oomishaa fi dhiheessa sanyii bu'uuraa Oromiyaa Bahaa ijaaruu ykn cimsuu** | 10 |
| **Agarsiisa Sanyii Seenaa Suurawwaniitiin** | 12 |

Sagantaan ISSD Itoophiyaa damee Pirojektii miiltummaa 'Bilateral Ethiopian-Netherlands Effort for Food, Income and Trade' (BENEFIT) jedhamu jalatti argama. BENEFIT miiltummaadhaan pirojektii afur of jalatti hamattee aragama. Isaaniis 'Capacity Building for Scaling up of Evidence Based Practices in Agricultural Production in Ethiopia' (CASCAPE), 'Integrated Seed Sector Development' (ISSD), 'Sesame Business Network' (SBN) fi Ethiopian -Netherlands Trade for Agriculture Growth' (ENTAG) dha. Deeggarsa maalaqaa fi gorsa teekinikaa pirojektoota kanaa kan taasisu Eembaasii Neezerlaand Finfinneetti argamu dha.

## Regional update


This report summarizes the key achievements recorded under different project components between January to Mayl, 2018 period.

### Informal seed system component

Under informal seed system, BENEFIT-ISSD project, Oromia East unit, organized planning workshop on crop variety promotion with partners at Ras Hotel, Harar city on January 27, 2018. The objective of the workshop was to learn from achievements and lessons learnt in 2017 and planning for 2018 activities. Accordingly, identifying new woredas, kebeles, and crops for 2018 crowdsourcing and PVS trials as well as scaling of 2017 selected crops was completed. A total of 13 peoples' from seven woredas (Doba, Chiro, Oda Bultum, Meta, Fadis, Kurfachale, Gurawa and Jarso) Bureau of Agriculture and Natural resources (BoANR) in east and west Hararghe zones participated in the training. The collection of identified crops and varieties from different seed sources for implementation of participatory variety selection (PVS) and crowdsourcing (CS) trials was also completed. Accordingly, a total of 11 crops and 104 varieties were collected deployed to farmers. Moreover, 2017 Crowdsourcing data entered in to Climbo software analyses and report writing was underway.



BENEFIT-ISSD project, Oromia East unit, organized planning workshop on crop variety promotion with partners at Ras Hotel, Harar




Samples of crops and varieties prepared for deployment for conducting crowdsourcing (CS) trials with farmers

### LSB Development

Under LSB development, supervision and technical backstopping activities was conducted to direct support SPCs to provide advice on collection and processing of seed for quality inspection; to give technical support on the improvement of good governance, record keeping, and marketing; and to facilitate discussions with executive committee to increase women participation in decision making and increase women members. As a result of this work, majority of seed produced in the region certified and get tag issued by Oromia BoANR; seed producers in the region has got access to basic seed specially maize; production plan and quantity of basic seed needed for seed production completed; 2018 seed production plan submitted by seed producers to seed inspection and certification center; and SPCs submitted their proposals, refinement work conducted and grant transfer was completed.

The second achievement under LSB development is facilitation of experience sharing activities for representatives of direct and indirect support SPCs. A total of ten participants (six male and four female) from SPCs, experts from east and west Hararghe zones cooperatives agency, and Haramaya University shared experiences. They shared experiences on quality seed production approach; internal seed quality control system, and storage management; experience on seed value addition particularly on seed cleaning, processing, and packaging process through creating effective linkage with farmers' cooperative union; and experience on management, record keeping, role differentiation, and member participation. The participants were visited experiences of three model SPCs (Kolbe, Biftu and Tukaa Kataara) supported under BENEFIT- ISSD Oromia (south west) unit, and Erer union.

The third achievement under LSB development is facilitation of performance evaluation workshop for



Facilitation of experience sharing activities for representatives of direct and indirect support SPCs at model SPCs in East Shewa and East Arsi zones

partners supporting indirect SPCs. The workshop result enhanced SPCs linkage with Fedis and Mechara Agricultural Research Centre, and Haramaya University to access basic seeds; EGS producers and users identified the 2017 current quantity of available basic seed at Haramaya University, Fedis and Mechara Agricultural Research Centre; and seed production volume of 20 SPCs data were compiled, and facilitated for certification and market linkage.

Information about data sheets including basic and production data, events, partners' adoption of LSB approach etc., was compiled and put in the drop box.

The fourth achievement under LSB development is the development and writing of farm financial literacy manual in Afan Oromo and sent for print in January, 2018.

## Seed Value Chain Component

Under seed value chain component, performance evaluation workshop was conducted to evaluate performance of partners supporting different project components, discuss on current seed production status, and plan on 2018 certified and EGS seed production in the region. The workshop conducted from April 2-3, 2018 at Ras Hotel, Harar city. Accordingly, implementation of ongoing seed value chain scaling innovation projects presented to regional seed core groups; performance of partners implementing pilot innovation projects presented and evaluated; future intervention to solve bottlenecks in seed value chain identified; discussion made on key challenges on current seed marketing system and point of intervention identified to improve efficiency of conventional seed marketing system; and joint planning on amount of seed (EGS and certified seed) to be produced and responsible organization for multiplication of EGS in 2018 was conducted.

In addition, discussions was started with Haramaya University to exploring the potential means to supporting the establishment and functioning of two seed processing plants as a grant to ISSD partners in Oromia east. Accordingly, the consensus reached among university officials to transfer seed plants and make functional for relevant partners (one for Chercher Oda Bultum Farmers' Cooperative Union in west Hararghe and one for Haramaya University-Seed Multiplication Unit.



Performance evaluation workshop to evaluate performance of partners supporting different project components

## Knowledge Sharing and communication component

Under knowledge sharing and communication component, 2017 ISSD newsletter (November 2017 Issue) was shared to different partners and stakeholders in the region.

The second achievement of knowledge sharing and communication is filming most significant change (MSC) stories for BENEFIT mid-term evaluation. The MSC is a monitoring and Evaluation tool that tracks the project performance through filming approach. Accordingly, 18 story circles from farmers, development agents, and research and university level collected, filmed and documented for internal and external learning purposes.

The third achievement of knowledge sharing and communication is documentation and sharing of different ISSD events. Different ISSD events produced both in print (news stories) and audio and/or visual media (news), and shared with regional website, email and drop box. The events were also broadcasted on regional Television and local radio for about two to five minutes in four rounds respectively. The media outlet used was Oromia broadcasting Network (OBN), Fana Broadcasting Corporate (FBC 94.7) and Haramaya University (HU-FM 91.7).

The fourth achievement of knowledge sharing and communication is facilitation of regional exhibitions and sharing of project results on 35th HU annual research review. On this event, display of ISSD achievements and products (seeds, publication, and testimonials) conducted; inauguration and hand over certificate of competence (CoC) in the presence of University president and vice presidents, and representative from parliament and communities was made. A total of more than, 100 participants were participated. During this event, Crowdsourcing results of ISSD intervention model were hit the roof among top officials. In addition, ISSD Oromia East unit participated on national exhibition of agro-food and plastic product industry linkage exhibition. Display of ISSD products (seeds, potato recipe, and publication) viewed by 3000 participants from 18 countries across world. The exhibition created market opportunities to SPCs for alternative income generating activities.

The fifth achievement of knowledge sharing and communication was writing and development of one success story on variety promotion and deployment; and two issue brief on institutionalizations of HU-seed quality control and certification and EGS production and supply, respectively. This document was developed in Afaan Oromo in order to facilitate the learning and knowledge sharing among local partners and stakeholders.




Inauguration and hand over certificate of competence (CoC) for SPCs



Filming most significant change (MSC) stories for BENEFIT mid-term evaluation

## Yaadolee Haaraa Pirojeektii ISSD damee Oromiyaa Bahaatiin Galmaa'an


Pirojeektiin ISSD dameen Oromiyaa bahaa ji'oota Ammajjii hanga Caamsaa bara 2010tti qabiyyeewwan adda addaa pirojeekticha jalatti hammataman irratti hojiilee garagaraa hedduu geggeessa tureera. Hojiileen pirojeektichaan hojjatamanis armaan gadiitti cuunfamanii dhiyaatanii jiru.

### Sirna Sanyii al-idlee

Qabiyyee kana jalatti, pirojeektiin ISSD tooftaa sirna sanyii al-idle haala qabatamaan raawwatamee hojiirra oolchuun danda'amu mijeessuudhaaf waltajjii marii guyyaa tokkoo qoodafudhattoota godinaalee Harargee bahaa fi Harargee lixaarraa walitti dhufan hirmaachise geggeesseera. Kaayyoon waltajjichaas bu'aawwan fi muuxxannoo bara oomisha 2009 galmaa'an cimsuu fi karoora bara 2010 qopheessuudha. Haala kanaan, gosoota sanyiiwwan midhaanii fi iddoowwan yaaliin itti hojjatamu gargar baasaniiru. Haala kanaan midhaan gosti 11 fi sanyiiwwan 104 sassaabamanii qonnaan bultootaaf raabsamaniiru. Qabiyyee hojii kanaa jalatti, hojiin ragaa yaalii hirmaachisaa ykn kiroowdisoorsingii (crowdsourcing) bara 2009 sassaabame kompiitarratti galchuudhaan gabaasni qophaa'aa kan jiruudha.



Waltajjii marii qoodafudhattoota wajjiin dhimma sirna sanyii al-idileeratti karoorsuuf taasifame




Gosa sanyiilee midhaanii adda addaa yaalii hirmaachisaa ykn kiroowdisoorsingii (crowdsourcing) qonnaan bultoota wajjiin geggeessuuf qophaa'e

### Misooma LSB

Damee hojii kanaa jalatti, hordoffii fi deeggarsi ogummaa waldaa oomishtoota sanyiitiif dhimmoota ijoo kanneen akka tooftaa sanyii sassaabuu fi kuusuurratti; bulchinsa gaarii waldoota hojii gamtaa, qabinsa sanadootaa fi maallaqarratti, gabaarratti; hirmaannaa dubartoota sadarkaa koree hojii raawwachistuu fi miseensummaa waldoota hojii gamtaa keessatti dabaluuarratti taasifameera. Bu'aa hojii kanaatiin, sanyiiwwan naannootti oomishaman mirkanaa'uun xalayaa ragaa Biiroo qonnaa fi qabeenya uumamaa Oromiyaa irraa argachuun gurguramaniiru. Akkasumas, waldootni sanyii bu'uuraa argataniiru. Karoorri oomisha sanyii bara 2010 qophaa'uun gabaasni giddugala tajaajila hordoffii fi mirkaneessa sanyii yuunnivarsiitii Haramaayaatti godhameera.

Raawwiin lammaffaan qaama hojii kanaa jalatti galmaa'e inni biraa, jijjiirraa muuxannoo waldootaa fi oggeessota waajjiraalee adda addaatiif taasifameedha.

Haala kanaan hirmaatotni kudhan (afur dubartoota) waldootarraa, ejeensii waldaa hojii gamtaa godina Harargee bahaa fi lixaarraa akkasumas, yuunivarsiitii Haramaayaarraa walitti dhufan jijjiirraa muuxannoo dhimmoota tooftaa oomisha sanyii qulquluuurratti, adeemsa to'annoo qulqullina sanyii qaama keessaatiin godhamurratti; qabinsa mana kuusaarratti; tooftaa sona sanyii dabaluu keessatiyyuu (sanyii qulqulleessuu, soruu fi kuusuurratti); geggeessummaa fi bulchinsa gaariirratti; qabinsa herreegaarratti; gahee fi qooda hojiirratti; fi ulaagaa fi tooftaa hirmaannaa miseensaarratti jijjiirraan muuxannoo taasifameera. Hirmaattotni kunneenis iddoowwan muuxxannoo waldootni modeela ta'an kan akka kolbee, Biiftuu fi Tuqaa Kataaraa, akkasumas yuuniyeenii Erer daawwataniiru. Waldootni fi yuuniyeeniin kuniis kan argamu Goodina Shawaa bahaa fi Arsii bahaa keessattiidha.

Raawwiin sadaffaan qaama hojii kanaa jalatti galmaa'e; waltajjiin qoodafudhattoota fi bakka bu'oota waldootaa wajjin taasifameedha. Bu'aawwan waltajjii kanaas walitti dhufeenya waldootaa, qorannoo qonnaa Fadisii fi Machaaraa akkasumas yuunivarsiitii Haramaayaa jiddutti cimsuun sanyii bu'uuraa waldootni akka argatan taasiseera. Oomishtootni sanyii fi itti fayyadamtootni sanyii bu'uuraa oomisha sanyii bu'uuraa bara dabree adda baasuun karoora oomisha sanyii bu'uuraa bara dhufuu qopheessaniiru.

Raawwiin afraffaan qaama hojii kanaa jalatti galmaa'e ammoo; ragaan oomisha sanyii waldoota 20 sassaabamee kompiitarratti erga gale booda, adeemsi mirkaneessuu fi gabaa barbaaduu eegalameera.

Odeeffannoon waa'ee ragaawwan bu'uuraa fi oomisha waldootaa, odeefannoo waltajii geggeefamee, ragaawwan sirna madaqiinsa modeela LSB agarsiisu fi kkf guuttamaniiru.

Raawwiin qaama misooma LSB inni xumuraa;maanuwaalii gorsa galii fi baasii barsiisu qonnaan bultoota moodela ta'anii fi miseensa waldaa oomishtoota sanyiitiif qopheessuun raabsameera.



Jijjiirraa muuxannoo waldootaa fi oggeessota waajjiraalee adda addaatiif naannoo shawaa bahaa fi Arsii bahaatti taasifamee

## Walitti Hidhata Sanyii

Qabiyyee hojii kanaa jalatti, waltajjiin qopheessuun, raawwii pirojeektii miiltummaa qoodafudhattoota waliin geggeeffamaa jiru madaaluu fi oomisha sanyii bara dabree fi karoora sanyii bara dhufuu irratti mari'ateera. Waltajjii kanarratti, gabaasni pirojeektiin walitti hidhata sanyii qoodafudhattootaan geggeeffamaa jiru garee gorsaa tajaajila sanyiii Oromiyaa Bahaatiif dhihaateera; dandeettiin raawwachiisummaa qoodafudhattoota pirojeektii walitti hidhata sanyii geggeessaa jiranii madaalameera; karoorri fuuladuraa hudhaalee walitti hidhata sanyii ittiin furanii kaawwameera; mariin haala qabatamaa sirna gabaa sanyii taasifamuun kallattiin fuuladuraa sirna gabaa sanyii fooyyessuuf kaawwameera; akkasumas karoorri waliinii fedhii oomisha sanyii bara dhufuu raawwatameera.

Gara biraatiin, yuunivarsiitii Haramaayaatti waliin mariin waa'ee deeggarsaa fi itti fayyadama maashinoota sanyii qulqulleessuurratti taasifameera. Haala kanaan maashinootni gurguddoon lama yuuniyeenii qonnaan bultoota Afran Qallootii fi Carcar Odaa Bultum keessatti dhaabbachuun akka hojii keessa galu walii galtee irra gahameera.



Waltajjiin raawwii pirojeektii miiltummaa qoodafudhattoota waliin geggeeffamaa jiru madaaluu fi kallattii kaa'uuf taasifame

## Waljijjiirraa Beekumsaa fi Dandeettii gabbisuu

Qaama hojii kanaa jalatti, barruuleen bara dabree qophaa'e qoodafudhattootaa fi dubbistoota keenyaaf raabsameera.

Raawwiin lammaffaan qaama hojii kanaa jalatti kaawwame; jijjiirama bu'uuraa ykn qabatamaa pirojeektiin ISSD tiin argame, suur-sagaleedhaan sassaabuudha. Kaayyoon isaas, madaallii ykn gamagama qaama pirojeektoota BENEFIT tiif akka oolu taasisudha. Jijjiiramni qabatamaan suur-sagaleen taasifamu kun tooftaa to'ii fi hordoffii piroojektiin adda addaa jijjirama isaa ittiin hordofu keessaa tooftaa tokkoodha. Haala kanaan, suur-sagaleen 18 sadarkaa qonnaan bultootaa, hojjataa misoomaa, qorannoo qonnaa fi yuunivarsiitiin sassaabamee qophaa'uudhaan madaalli fi duub-deebii keessaa fi alaatiif ooleera.

Raawwiin sadaffaan qaama hojii kanaa; waltajjii pirojeektii ISSD geggeeffame irraa ragaa fi oduu milkaa'inaa

qopheessuu fi karaa sab-qunnamtii adda addaatiin dubbistootaaf raabsuudha. Haala kanaan, waltajjichi tooftaa barruuleetiin, sagalee fi sur-sagaleetiin qophaa’ee sabqunnamtii adda addaa kanneen akka interneetii, Iimeelii, raadiyoo fi Televishiiniin tamsa’eera. Sabqunnamtiin fayyadamnees, Oromia broadcasting Network (OBN), Fana Broadcasting Corporate (FBC 94.8) fi FM Yuunivarsiitii Haramaayaa (HAYUFM 91.5) dha.

Raawwiin afraffaan qaama hojii kanaa ammo; agarsiisa fi bu’aa pirojeektii ISSD waltajjii marii waggaa 35ffaa yuunivarsiitii Haramaayaa irratti taasifameedha. Waltajjicha irratti, agarsiisni sanyii fi barruulee adda addaa geggeeffameera; xalayaan gahumnsaa oomisha sanyii waldootaaf bakka piresidaantiin Yuunivarsiitii Haramaayaa, geggeesitoonni Yuunivarsiitii olaanoo, bakka bu’oonni mana marii biyyoolessaa fi hawaasni naannoo argamanitti taasifameera. Walumaagalatti, hirmaatotni 100 marii kana irratti argamiiru. Waltajjii marii kanaarratti gabaasni raawwii pirojeektii ISSDtiin dhihaate keessaa dhimmi yaalii hirmaachisummaa ykn kiroowdisoorsiingii (crowdsourcing) xiyyeefannoo guddaa argateera. Gara biraatiin, pirojeektiin ISSD damee Oromiyaa bahaa, agarsiisa biyyoolessaa kan bu’aawwan hidhata qonnaa, induustirii, nyaataa fi pilaastikii irratti hirmaachuun agrsiisa sanyii adda addaa, soorata adda addaa kan dinichaarraa hojatame, fi barruulee adda addaa dhiheesseera. Daawwattootni 3000 byyoota 18 irraa kan walitti babahan agarsiisa kana daawwataniiru. Agarsiisnu kun carraawwan akka walitti dhufeenya haaraa fi gabaa abbootii qabeenyaa fi industirii waliin waldootaaf akka uumammu taasiseera.

Raawwiin xumuraa qaama hojii kanaa jalatti galmaa’e; barruulee milkaa’ina pirojeektii kanaan argame qopheessuudha. Haala kanaan, oduun milka’inaa fi xiinxala adda addaa dhimma tooftaa sanyiin haaraa fi qulqulluun saffisaan qonnaan bultoota dhaqqaburratti; xiinxala waa’ee dhimma yuunivarsiitii Haramaayaa jalatti giddugaleessa to’annoo fi mirkaneessi qulqullina sanyii hundeessuurrattii , xinxala dhimma oomishaa fi dhiheessi sanyii bu’uuraa dhaabbileee qorannoo qonnaa Fadisii fi Machaaraa akkasumas yuunivarsiitii Haramaayaa keessatti cimsuu fi ijaaruurratti qophaa’eera. Barruuleen kun Afaan Oromootiin kan qophaa’e yoo tahu innis jijjiirraa beekumsaa fi ijaarsa dandeettii Qoodafudhattootaa fi Ogeessota naannoo jiddutti saffisiisuudhaf kan taasifameedha.



**Agarsiisa sanyii waltajjii marii Yuunivarsitii Haramaayaa waggaa 35ffaa iratti ophaa’e**




Sirna badhaasa waraqaa gahumsaa Waldaa Oomishtoota sanyiitiif taasifame



Waltajjii marii jijjiirama qabatamaa sassaabuuf hojatoota misoomaa waliin taasifame

## Tooftaa Sanyiin Haaraa fi Qulqulluun Saffisaan Qonnaan Bultoota Dhaqabu: Imala Milkaa’ina Pirojeektii ISSD Irraa

Giddugalessi qorannoo qonnaa biyyoolessaa fi naannoolee sanyiilee garagaraa haala qilleensa adda addaatiif oolu maddisiisaa jiraachuun isaa ni beekkama. Haata'u malee, sanyiileen kunniin qonnaan bultoota bira gahuudhaan itti fayyadaminsii fi madaqiinsi isaanii gadaanaadha. Isa kanaaf immoo sababa kan ta'an kessaa muraasin: tooftaa ekisteenshiniin sanyii haaraa beeksisu laafaa ta'uu; odeeffannoo fi beekumsi sanyii haarawa adda baasanii itti fayyadamuu qonnaan bultootaa xiqqaa ta'uu; tooftaalee qorannoon qonnaa sanyii haarawa beeksisu laafaa ta'uu fi qindoominaan walgargaruun qaamota adda addaa cancala sanyii keessatti jiru dadhabaa ta'uu isaati.

Hanqina kana hubachuudhaan, pirojeektiin ISSD damee Oromiyaa bahaa tooftaalee si’aa’inaa fi itti fufiinsa qabu akkasumaas; itti quufinsa sanyii filatamaa mirkaneessu

wixineesseera. Tooftaan kun filannoo sanyii hunda hirmaachise ykn Kiraawudsoorsiingii (Crowdsourcing) kan jed-hamuudha. Tooftaan kun qonnaan bultoota dhiirootaa fi dubartootaa teekinoolojiiwwan sanyii filachuu, itti fayada-muu fi madaqsuu irratti fedhii, beekumsaa fi muuxannoo adda addummaa ta’e hubachuudhaan carraa fi sagalee walqixa ta’e kan laatuudha. Kiraawudsoorsiingii dhaan teekinoolojii ykn sanyii madaluudhaaf sadarkaa 10 kan qabu yoo ta'u isaaniis: 1ffaan Qophii: Eessaatti hojjatama, midhaan kam irratti, gosa sanyii meeqa, qonnaan bultoota meeqaa fi kkf of keessatti hammata; 2ffaan Pirojeektii wixineessuu ykn saxaaxuu (design): gosa sanyii kamtu fi meeqatu qonnaan bulaa tokkoof kennama, bal'ina lafa hangamiirratti yaaliin geggeefama, ragaa maaltu xinxalamaa fi kkkf ofkeessatti hammata; 3ffaan Hirqaatoota ykn qonnaan bultoota adda baasuu; 4 ffaan Woorkishooppii jalqaba geggeessuu fi paakejjii sanyii raabsuu; 5 ffaan Sanyii qonnaan bultootaan facaasisuu: leenjii fi agarsiisa haala yaaliin sanyii filachuu itti geggeeffamu ofkeessatti qabata; 6 ffaan Ragaa funaanuu; 7 ffaan Ragaa qindeessuu; 8 ffaan Ragaa xiinxaluu; 9 ffaan Woorkishooppii geggeessuu fi bu'aa isaa qooduu fi 10 ffaan Pirojeektiicha madaaluu dha.

Tooftaa kanaan piroojeektiin ISSD damee Oromiyaa bahaa bara oomisha 2009-2010 ALI tti qonnaan bultootni 1200 (600 dubartoota) hirmaachise; aanaa ja'a keessatti midhaan 4 fi gosa sanyii 60 akka yaaliin gegeeffamu taasi-fameera (Gabatee 1).

Gabatee 1. Gosa midhaanii fi sanyii aanaa ja'a keessatti kiraawudsoorsiingiidhaan qonnaan bultootaan bara 2009-2010 ALI yaaliin geggeeffame

| Midhaan | Aanaa | Bay'ina hirmaatto-taa | Gosa sanyii |
|---|---|---|---|
| **Mishingaa** | Meettaa | 100 (% 50 dha) | Giraanaa, Makkoo, Misikkir, Yejjuu, Tashaalaa, Raayyaa, Abishir, Malkaam, Geedoo, Gubbiyyee, Hormaati, Jiruu, Adi-leyye, ESH-1, Daagim, ESH-4, Malkaam, Birhaan |
| | Ciroo | 100 (% 50 dha) | |
| | Dobbaa | 100 (% 50 dha) | |
| | Fadis | 200 (% 50 dha) | |
| | Kurfaacallee | 100 (% 50 dha) | |
| **Oshongo-ree** | Kurfaacallee | 100 (% 50 dha) | Awaash Malkaa, Awaash-1, Awaash-2, SAB-736 (Adoo), SAB-632 (Taafaach), Ramadaa , Taatuu, Dandeessuu (KAT B1), Dandeessuu (KAT B9), Waajoo, Xinniqqe, Fadis, Baabbilee, Carcaroo, Naasir, Mexikaan-142, Dursituu, Kan naannoo-1, Kan naannoo-2 |
| | Dobbaa | 100 (% 50 dha) | |
| **Qamadii** | Ciroo | 100 (% 50 dha) | Danda'aa, Qaqabaa, King-bird, Hiddaasee, Ogolchoo, Adeel-6 (SAMAR-13/Pastor-1), Fantaallee, Biqaa, Paaveen, Wanee, Lemmaa, Gamboo, Qulqulluu, Jaalannee |
| | Meettaa | 100 (% 50 dha) | |
| **Xaafii** | Odaa Bultum | 200 (% 50 dha) | Booseeti, Qunchoo, Koraa, Simaadaa, Dz-01-974, Dz-cr-438 (RIL91n), Dz-cr-37, Kan naannoo-1, Kan naannoo-2 |
| **Ida'ama** | **6** | **1200** | **60** |

Adeemsi kun kan geggeeffame, marii qooda fudhattootaa (kan akka waajjira qonnaa fi qabeenya uummamaa aa-noota ja'aa, Jiddu galeessa qorannoo qonnaa fi dhaabbata miti mootummaa CARE-damee Harargee bahaa fi lixaa) wajjin ta’uu dhaani. Karooraa fi hordoffiiniis kan geggeeffame qooda fudhattoota waliiniidha. Hojii kana fiixaan baasuudhaaf, gaheen qooda fudhattootaa bakka guddaa qaba. Akkasumas, tooftaan kun qorattoota, oggeessota aanaa fi qonnaan bultoota hirmaannaa yaalii kanaa keessatti ulaagaalee adda addaa dur hin baramiin walirraa akka baratan taasiseera. Tooftichi gosa sanyiilee qulqulluu fi barbaadamaa ta’an ariitiidhaan qonnaan bultoota baay’ee bira dhaqabu akka dandeesisu mirkaneeseera. Irra caalatti immoo, tooftichi hirmaannaa koorniyaa akka jajjabeessu agarsiiseera. Qoonnaan bultootni teekinoolojii sanyii filatamaa fi teekinoolojii oomisha boodaattillee karaa jijjiirraa muuxannoo adda addaatiin (agarsiisaa yaaliitiin, ayyaana qonnaan bultootaatiin, agarsiisa sanyiitiin fi aartii fi faaruun) barataniiru. Qonnaan bultoonni bara oomisha 2009-2010 ALI yaalii sanyii filachuu keessatti hirmaatan bara itti aanu kara tooftaa sanyii darbaa walii-dabarsaatiin yeroo xiqqoo keessaatti qonnaan bultoota hedduu bira akka dhaqabu gochuufis carraa guddaa uuma. Haalli kun dandeettii yaalii geggeessummaa qonnaan bultootaa fi ka-ka’umsa isaanii dabaleera. Walumaa galatti, bu’aanii fi raawwiin tooftaa hojii kanarraa kan ka’e qooda fudhatootni tooftaa kana fayyadamanii sanyii madaqsuu fi beeksuu akka qabaataan mirkaneeffataniiru.

Bu’aan qorannoo hojii kana keessatti imala milkaa’inaa yaada hirmaattootaa akka armaan gadiitti dhihaateera.

### Huseen Abdooshee, Aradaa Kaarraa, Aanaa Odaa Bultum



"Muuxannoo gaariin pirojeektii ISSD irraa baradhe. Sanyii xaafii gosa sadi fudhadheen facaase. Ergaan madaale booda sanyii xaafii gosa 'Koraa' jedhamu tokkoffaarratti filadheera. Sanyii gosa DZ-01-974 lamaffaarratti akkasumaas 'DZ.CR-37' sadaffaaratti filadheera. Sanyii gosa 'DZ.CR-37'salphatti kuruphisaan nyaatamti.

Koraa sababniin filadheefiis haala qabatamaa lafa tiyyaa irraatti hundaa'ee waaniin madaaleen qaba. Ulaagaa madaalli kiyyaa kuniis koraan dafee marga , yeroo gabaabatti guddata, biqilli ishii jajjabaadha, baalli sanyii kanaa qulqulluu fi bareedadha. Qaraan gosa sanyii kanaa aalaa dha, kanaaf aduu dandamatti jechuudha.Yoo keessi qaraa tahe aduu hin dandamatu jechuudha. Sanyiin gosa Koraa kun baay'iseellee osoo hin ariifanne giddugalaan fedhii ishii guutachaa oomishaaf geessi. Callaa ol'aanaa gara kiiloogiraama sadii kennite. Hangi firii sanyii kanaa giddugalaadha, qopheessuullee baadhu buddeena sanyii kanaa adii akka tahe ittiin amana. Oomisha itti aanuuf sanyii gosa 'Koraa' kana babali'suuf murteesseera.

Sanyii gosa 'Koraa' filadhe jechuun sanyii Xaafii gosa 'DZ-01-974' niin darba jechuu miti. Lamaffaarratti sanyii Xaafii gosa 'DZ-01-974' filadheeera. Haatahuu garuu gamaagama yeroon geggeessu sanyii Xaafii gosa 'DZ-01-974' irrati waaniin itti hin quufinitu jira. Innis taa'umsa lafaa, haala biyyee, hanga sanyii fayyadame xiqqaa tahuu fi kan kana fakaatanif moo'atamu dandeessi. Kanaaf waggaa oomisha itti aanuuf irra deebi'ee walduukaa madaallii niin geggeessa.Namoota naannoo kiyyaa akka dhaqabuus niin godha. Leenjii Pirojeektii ISSD nuuf kenne irra dhaabbadhee, sanyii muraasni lafa baay'ee uwwisuu akka danda'u argeera. Qonnaan bulaa ollaa kiyyaafiis niin dabarsa. Garuu Qonnaan bulaan naannoo kiyyaa adeemsa ykn tooftaa nuti itti fayadamne hordofuun sanyiile nuti qoodnuuf akka sirriitti facaasanii fi babal'isan gorsaan dabarsa. Sanyiin oomishe kanallee akka hin badne koddaa qileensa hin galchinetti kuuseera. Kuniis muuxannoo gaariin ani Pirojeektii ISSD irraa baradhee fi qonnaan bultootni kamiyyuu itti fayyadamuu qabuudha".

### Saadiyya Sulemyman, Aradaa Kaarraa, Aanaa Odaa Bultum



"Sanyii xaafii gosa sadi pirojeektii ISSD irraa argadheen facaase. Kunuunsaa fi hordoffii barbaachisu godhuudhan madaallii gaggeesse. Isa booda, ulaagaa gara garaa sanyiileen sadeenuu agarsiisanirratti hundaa'uudhaan gosa sanyii xaafii 'Koraa' filadhe. Sababniin itti filadhe tokko callaa gaarii kennite. Innis kiiloogiraama sadiidha.Waggaa oomishaa itti aanu gosa sanyii 'koraa' kana baay'isuufiin karoorfadhe. Ergaan baay'ise booda sanyiin kun baay'ee gaarii waan taateef ollaa kiyyaafis niin babal'isa. Kana dura sanyuma gosa tokkoo hojjataa misooma irraa fudhannee facaasaa ture. Muuxannoo amma ISSD irraa argadhe kanarra dhaaabadhee sanyii amala hin beekne osoo callisee lafa mararratti hin facaasin, lafa muraasarratti gamaggama geggeessuun qaba. Akka dhuunfaa kiyyaas ta'ee akka dubartoota naannoo keenyatti hojii qonnaa keessatti warreen dhiiraatiif deeggarsa godhuu malee murtii qonnaa laachurratti barmaatileen gaggaariin hin turre. Amma garuu carraa beekumsaa fi muuxannoo pirojeektiin ISSD laateen anas ta'ee dubartootni ganda kiyyaas dhiira wajjiin wal qixxee hirmaannee sanyii kunuunsuu, filachuu, olkaa'uu fi itti fayyadamuurratti angoofneera".

### Badiriyaa Mohammad, Aradaa Kaarraa, Aanaa Odaa Bultum



"Gosa sanyii Xaafii Booseeti, DZ.CR-37, fi Koraa ISSD irra argadheen facaase. Imala hordoffii fi madaallii ergaan xumuree booda gosa sanyii Booseeti filadhe. Sababni isaas sanyiiwwan DZ.CR- 37 fi Koraa duursite margite ykn biqilte; akkasumaas biqilli gosa sanyii Booseeti kun baay'ee magariisaadha; magariisummaa ishii kun ija namaa baay'ee hawwata. Dheebuu ykn gogiinsa ni dandamatti. Hangi sanyii kanaa guddaa fi bifaan adii waan taateef, nyaataa fi gabaaf baay'ee bu'a qabeessaadha (hangi sanyii gurgudachuun callaan sanyii kanaa muraaasni madaalli ykn safartuu waan kaasuuf ni barakati ykn heddumaaati jechuun dha. Irra caalaatti callaa guddaa kenniteera (giraama 50 facaasee kiilogiraama shan argadhe). Itti dabalataaniis Badiriyaan akka jettetti 'akka aadaatti sanyii tokko qofa facaasaan ture. Amma garuu gosa sanyii xaafii sadiin facaase. Sanyiileen kunneen lafa walfakkaatu tokorratti callaa walcaalu kennuun anaaf raajiidha. 'Muuxannoo hedduu ISSD'n na barsiise. Kun muuxannoo addaati. Sanyii gosa 'Booseeti'tokoffaarratti callaa kiiloogiraama shan kennite; 'Koraa' itti aane tilmaaman kiloogiraama sadi kenne; DZ.CR-37 moo'atamuudhaan kiiloogiraama sadii gadi kenneera. Sanyiilee sadeenuu ergaan calleesse, madaabaraa ykn luuqaa adda addaatti maqaa irratti bareessuudhaan qilleensii fi ilbiisotni akka hin seenne afaan sirriitti hidhuudhaan kuuseera. Waggaa oomisha itti aanuuf sanyii tokkoffaarratti filadhe kana babal'isee oomishee akkasumaas ollaa kiyyaaf dabarsuuf qophaaheera.

# Yuunivarsiitii Haramaayaatti Giddugaleessa To'annoo fi Mirkaneessa Qulqullina Sanyii (GTMQS) hundeessu:

## Bu'aawwan argaman, Hudhaawwan muudatanii fi kallattii fuuladuraa

### Seensa

Giddugaleessi To'annoo fi Mirkaneessi Qulqullina Sanyii (GTMQS) Oromiyaa bahaa keessaa dhabamuun, sanyii qulqulluun ulaagaa guute qonnaan bultootaa fi oomishtoota sanyii bira akka hin geenye danqaa guddaa ture.Hanqinni kun irra caallatti sirni sanyii Oromiyaa bahaa keessatti akka laafu gumaacha godheera.Rakkoo kana furuuf pirojeektiin ISSD damee Oromiyaa bahaa haala mijeesseen, Biiroon Qonnaa fi Qabeenya uumamaa Oromiyaa; Yuunivarsiitiin Haramayaa tajaajila qulqullina sanyii to'achuu fi mirkaneessuu akka laatu bakka bu'iinsa guutuu kenneeraaf.Murtiin kunis kan taasifame, dandeettii fi giddu gala beekumsaa tahuudhaa fi gumaacha yuunivarsiitichi seektara qonnaa keessatti yeroo dheeraaf gonfate giddugaleessa godhachuudhaani. Haala kanaan Giddugaleessi To'annoo fi Mirkaneessa Qulqillina Sanyii (GTMQS) jedhamuun Yuunivarsiitii Haramayaa keessatti hundaa'ee hojii keessa galeera.Ittigaafatamummaa fi ittiwaamamiinsi caasefama yuunivarsiitiii Haramayaa yoo ta'u, hojmaataan Biiroo Qonnaa fi Qabeenya uumamaa Oromiyaa wajjin kan wal-qunnamuudha.

### Tooftaa

GTMQS dandeettii raawwachiisummaa cimsuudhaaf karaa adda addaatiin jechuunis, leenjii kennuun, hubannoo uumuun, to'ii fi hordoffii dirree gochuudhaan oomishtoota fi qoodafudhatoota seektara sanyii keessatti hirmaataniif deeggarsa godhaa jira.Tooftaan qulqullina sanyii mirkaneessuuf fayyadamnu yoo ilaallu; oomishtootni sanyii (waldootni fi seektarri dhuunfaa) ykn qoodafudhatootni seektara sanyii kanneen akka qorannoo qonnaa, yuuniyeenii,miti-mootummaa, waajjira qonnaa, fikkf xalayaa barreessuudhaan karoora oomisha sanyii eeruun GTMQS ni beeksisa. Xalayaa kana keessatti maqaan sanyiilee to'annoo barbaadan,bal'ina lafaa, fi maqaan dhaabbata sanyii oomishuu ni eerama. GTMQS gaaffiii isaanii irratti hundaa'uudhaan, hojii to'annoo duraa kan akka qophii lafaa fi ulaagaalee biroos sakatta'uun murtii sanyii facaasuu ni kenna.Sadarkaa itti aanutti hojiiwwan to'annoo gurguddoon geggeefaman;daawwii ooyruu, gorsa oomisha boodarratti kennuu,fi daawwii mana kuusaatii fi sumuuda fudhachuu fi adeemsa qorannoo laaboraatoorii keessatti taasifamudha. Xumurarratti, murtiin bu'aa laaboraatoorii mirkaneessu xalayaadhaan maamilaaf ni beeksifama.

### Bu'aawwan argaman

Akkuma beekkamu oomishtoonni sanyii oomishan gatii madaalawaa argachuun gabaa keessatti dorgomaa ta'anii gurgurachuuf qulqullinni oomisha isaanii qaama aangoon kennameefiin mirkanaa'uu qaba.Duraan Harargee keessatti qaamni aangoon kennameefii tajaajila kana kennu waan hin jirreef bu'a qabeessummaa noomisha sanyii gadaanaa ture.Erga giddugalli kun hojii qulqullina sanyii to'achuu fi mirkaneessuu eegalee bu'aawwan gurguddoon argamaniiru. Bu'aawwan kunninis, oomishtoonni sanyii oomisha sanyii sadarkaa qulqullina barbaachisu guutu oomishuu danda'aniiru.Oomisha sanyii isaaniifis ragaa qulqullinaa seera qabeessa argachuun gabaa keessatti dorgomaa ta'uun gatii madaalawaa argachuu eegalaniiru.Qonnaan bultoonni naannoo sanyii qulqulluu fi haala qilleensa naannoon walsimatu gatii madaalawaan argachuu eegalaniiru.

Akka fakkeenyaatti bara oomishaa 2014-2015 keessatti GTMQS daawwii oomisha sanyii ooyruu 60ti dhaabbilee oomishtoota sanyii kanneen akka waldoota, yuuniyeenii, waajjira Qonnaa fi Qabeenya uumamaa, fi dhaabbilee miti-mootummaatiin hojjatame geggeesseera. Daawwii ooyruu geggeefame keessaa,ooyruun 25 ulaagalee qulqullina sanyii guutaniiru.Kana keessaa ooyruun25 ulaagaa dirree yoo guutan, 22 xalaayaan ragaa qulqullina sanyii guutuu mirkaneessu kennameeraafi.Walumaagalatti bara 2014-2015 keessatti gosti sanyii midhaanii shan gara kuntaala 1665 oomishamanii xalayaa ragaa argachuun gurguramaniiru. Sanyiilee gurguraman keessaa kuntaalli 741 boqqoolloo, kuntaalli 142 mishingaa, kuntaalli179 qamadii, kuntaalli581 boloqqee, fi kuntaalli 22 xaafiidha. Bu'aan GTMQS kanaan argame hanqina dhiheessa sanyii fooyyessuun oomishtoonni sanyii keessattuu waldootni gabaa sanyiirraa gatii fooyya'aa akka argatan taasisaa jira.Adeemsa hojii kana irraa waldootni oomishtoota sanyii ta'an gurgurtaa sanyii irraa galii fooyya'aa aragataniiru. Gara biraatiin, qoonnaan bultootni sanyii qulqulluu barbaaduuf baasii adda addaatiif saaxilamaa turan akka hir'isu taasiseera.

### Hudhaawwan muudatan

GTMQS bu'aalee hedduu argamsiisuus, hanqinoota;sababoota adda addaatiif of danda'ee hin dhaabbanne.Sababoonni kunninis giddu-galichi caaseffama Yuunvarsiitii Haramaayaa keessa galee madda baajata mataa isaa, bu'uraalee misoomaa kan akka laaboraatoorii,waajjira, kompiitara, humna nama baratee hojii geggeessuuf barbaachisu dhabuun isaanii rakkoo gurguddoodha. Hanga ammaatti giddugaleessichi ogeessota fi barsiisota muummee barnootaa fi laaboraatoorii barattootaatti fayydamaa kan jiruudha. Deegarsi baajataa kan godhamaa jiru Pirojeektii ISSD damee Oromiyaa Bahaatiinidha. Qoodafudhattota dhimmi isaa ilaallatu giddutti rakkinoota kana furuuf mariin taasifamuus, yeroo dheeraaf lafarra harkifameera.Kanaaf sababootni akka walitti dhufeenyi qoodafudhattootaa laafaa tahuu, fi hanqinni iftoominaa isaan muraasaadha.Sadarkaa yuunivarsiitii Haramaayaatti Giddugaleessi kun caasaa ykn waajjira kallattiin dhimmi

isaa ilaallatu jalatti hundaa'uu ykn ijaaramuu dhabuunis danqaa guddaa taheera.

Akkasumas oomishtoonni sanyii karoora oomisha sanyii yerootti ragaa guutuu wajjin giddugaleessichaaf dhiyeessuu dhabuu fi oomishtoonni sanyii fi qoodafudhattoonni hubannoon seera sanyiiirratti qaban laafaa ta'uun rakkoowwan eeramaniidha.

**Kallattii fuula duraa**

Qaama olaanaa yuunivarsiitichaa waliin mar'achuun gigdu-galichi caaseffama yuunivarsiitii Haramaayaa keesatti bu'uuressuun humna namaatii fi misooma bu'uuraatiin jabeessuudhaan tajaajila barbaachisaa sadarkaa isaa eeggate akka kennuu dandeessisu murteessaadha.

Walitti dhufeenya giddu-galichi qaama dhimmi isaa ilaallatu (waajjira Qonnaa fi Qabeenya uumamaa sadarkaa adda addaa, oomishtoota sanyii, dhaabbilee miti-mootummaa fi kkf) waliin qabu jabeessuun giddugalicha jabeessuu keessatti ga'ee isaanii akka ba'an gochuunis hojii xiyyeeffannoo barbaadu ta'a. Hubannoo oomishtoota sanyii fi qoodafudhattoota jabeessuun hojiiwwan giddu-galichaan hojjatamaniif haala mijataa uumuun hojiiwwan kallattii fuula duraa keessatti eeraman ta'u.

Waajjiraalee fi bu'uuraalee misoomaa akkasumas humna nama baratee guuttachuuf, pirojeektiin ISSD dame Oromiyaa bahaa qaama olaanaa dhimmi isaa kalattiin ilaallatu kanneen akka Biiroo Qonnaa fi Qabeenya uumamaa Oromiyaa, yunivarisitii Haramaayaa, fi Pirojeektii ISSD biyyoollessaa wajjiin waltajjii qopheessuun mari'achuun bay'ee barbaachisaadha.Waltajjii kuniis kan gargaaru danqaalee akka baajataa, humna nama baratee, bu'uuraalee misoomaa to'annoo fi qulqullina sanyii waajjiraa guuttachuuf fayyada. Irra caalatti walitti dhufeenyaa fi iftoomina qoodafudhattoota gidduu jiru cimsuu fi mirkaneessuun barbaachisaadha.Sadarkaa Yuunivarsiitii Haramaayaattis Giddugaleessi kun caasaa ykn waajjira kalattiin dhimmi isaa ilaallatu jalatti hundaa'uun daran caalatti barbaachisaa ta'a.



**Waltajjii gamagamaa** GTMQS hoteela Raas Magaalaa Hararitti tasifame



**Waltajjii marii wa-harkaa fuudhinsa** GTMQS **oggantoota Yuunivarsitii Haramaayaatii waliin taasifame**

## Caasaa Oomishaa fi dhiheessa sanyii bu'uuraa Oromiyaa Bahaa ijaaruu ykn cimsuu

Itiyoophiyaa keessatti, hanqinni dhiheessii sanyii bu'uuraa hudhaalee gurguuddoo sirna sanyii keessaa isa tokkoodha. Bu'aan qorannoo soonessa sirna sanyii godinaalee Harargee bahaa fi lixaa keessatti pirojeektii ISSD Oromiyaa bahaatiin geggeeffame akka addeessutti, hanqinn dhiheessii sanyii bu'uuraa hudhaalee gurguddoo oomishaa fi oomishtummaa akkasumas biizinasii sanyii quucarse keessaa isa tokkoodha.

Gara biraatiin, dhaabbilee adda addaa dhimmoota sanyii bu'uuraa kana ni furan jedhamee eegaman kanneen akka qorannoo qonnaa naannoo fi biyyoolessaa, akkasumas yuunivarsiitota keessatti gahee fi ittigaafatamummaan fudhatan gadaanaa tahuu, fi qindoominni qoodafudhattoota seektara sanyii jidduu jiru laafaa tahuun hudhaaleen kun akka hin furamne godheera. Hudhaalee kana furuuf, gareen gorsaa tajaajila seektara sanyii (seed core group) Oromiyaa bahaa, dhaabbilee dhimmichi kallattiin ilaallatu sadi jechuunis qorannoo qonnaa (Fadisii fi machaaraa); fi Yuunivarsiitii Haramaayaatti waajjira dhimma hawwaasummaa fi misooma interpiraayisii wajjin miiltummaa uume. Kaayyoon miiltummaa kana kan xiyyeeffate oomishaa fi dhiheessa sanyii bu'uuraa fooyyessuun;hojmaataa fi barmaatilee ture jijjiiruu (changing organizational drawbacks and practices); gahee fi ittigaafatamummaa cimsuu; qindoominaa fi iftoomina qoodafudhattoota seektara sanyii jiddutti mirkaneessuun caaseffama kenna tajaajilicha oomishaa fi dhiheessa sanyii bu'uuraa manneen hojii miiltotaa keessatti ijaaruu ykn cimsuudha. Haala kanaan bara oomisha 2008 fi 2009/10 ALI tti oomishaa fi dhiyeessiin sanyii bu'uuraa eegalameera.

kaayyoo kana hojiira oolchuuf, pirojeektiin ISSD Oromiyaa bahaa deeggarsa maallaqaa miiltotaaf taasiseera. Kaayyoon deeggarsa kanaas kan xiyyeeffate leenjii fi ijaarsa dandeettii raawwachiisummaa miiltotaa cimsuu,

bu'uura misooma sanyii kanneen akka maashinoota sanyii tumuu fi qulqulleessu deeggaruu fa'adha. Kana malees, deeggarsi ogummaa kanneen akka oomisha sanyii qulqulluurratti, to'annoo fi hordoffii sanyiirratti, seeraa fi dambiiwwan oomishaa fi gurgurtaa sanyiirratti taasifameera.

Pirojeektiin ISSD Oromiyaa bahaa garee gorsaa tajaajila seektara sanyii wajjin tahuun, waltajjii gamagama raawwii qoodafudhattootaa qopheessuudhaan bu'aa hojii kanaa xiinxaleera. Xiinxalli barruu kanaas ragaa kana giddugaleessa godhachuunidha.

## Bu'aawwan argamanii fi Hudhaawwan muudatan

Leenjii fi waltajjii adda addaa geggeeffameen hubannnon ogeessotaa, qorattoota manneen hojii qorannoo qonnaa fi yuunivarsiitii fooyya'eera. Irra caalatti walitti dhufeenyi oomishtootaa fi fayyadamtoota sanyii bu'uuraa jiddu jiru fooyya'uun aadaan walii wajjiin karoorsuu fi fedhii sanyii bu'uuraa sassaabuu uumameera. Haala kanaan sanyiileen godinoota keessatti barbaadaman gargar bahuudhaan, sanyiileen bu'uuraa adda addaa kanneen akka Boqqoolloo, Boloqqee, Mishingaa, Qamadii fi Xaafii oomishamanii, mirkanaa'uun itti fayyadamtootaaf gurguramaniiru. Dhiheessi sanyii bu'uuraa yeroo gara yerootti fooyya'aa dhufeera.

Haata'uumalee, hojmaatni caasaa oomishaa fi dhiheessa sanyii bu'uuraa dhaabbilee qorannoo fi yuunivarsiitii keessatti ijaaruu ykn cimsuu ittifufsiisuun laafaa ta'uu fi sadarkaa barbaadamurra akka hin geenye ragaan gamagama waltajjichaa ni ibsa. Hanqinootni kanneen akka iftoominaa gadaanaa tahuu, bu'uuraalee misoomaa dhabamuu, kutannoon dhaabbilee muraasaa gadaanaa tahuu, kutaan ykn caasaan sanyii dhaabbilee qorannoo qonnaa fi yuunivarsiitii keessa jiraachuu dhabuu, dandeettiin raawwachisummaa fi humni nama baratee gadaanaa tahuun qaawwi guddaan akka mul'atan godheera.

Qorannoon qonnaa lameenuu jechuunis giddugaleessi qorannoo qonnaa Machaaraa fi Fadis hanqinoota kanneen akka humna raawwachisummaa, hanqina faayinaansii, bu'uuraalee misoomaa kanneen akka sona oomisha sanyii dabaluu, hanqina sanyii bu'uuraa irra caalatti waan qabaniif ittifufinsa hojii kanaa dhugoomsuuf akka danqaa guddaatti adda ba'aniiru. Gara miiltummaa Yuunivarsiitii Haramaayaatiin, dandeettiin raawwachiisummaa ogeesotaa gadaanaa tahuu, hanqina humna nama baratee, hojicha abbummaan fudhachuu dhabuufi hojmaatni mana hojichaa gara seektra sanyiitiin jiru laafaa tahuun oomishaa fi dhiheessii sanyii bu'uuraa cimsuurratti danqaa taheera.

Akkuma walii galaatti, hudhaaleen baayyeen kanneen akka iftoominni oggeesota jidduu dhabamuu, caasaan kutaa sanyii dhabamuu, hanqina humna nama baratee fi dandeettiin raawwachiisummaa gadaanaa tahuu,fi hanqinni sanyii horsiisaa (lack of breeder seeds) fi kkf caasaa oomisha fi dhihessa sanyii bu'uuraa ijaaruu fi cimsuu akkasumas ittifufsiisuurratti dhiibbaa godhaniiru.

## Kallattii fuula duraa

Bu'aa qorannoo olitti dhihaate irratti hundaa'uudhaanii fi haala qabatamaa godinoota Harargee lamaan giddu gala godhachuun kallattiiileen armaan gadii ni gorfamu. Kallattii kana hojiitti jijjiiruuf qoodafudhattootni sirna sanyii keessatti dhimmi isaa kallattiin ilaallatu aarsaa gochuunis ni barbaachisa.

Walitti dhufeenya oomishtoota sanyii bu'uuraa fi itti fayyadamtoota sanyii bu'uuraa jidduu jiru cimsuun barbaachisaadha. Gorsaan tajaajila seektara sanyii (seed core group) Oromiyaa bahaa haala mijeessaa tahee qaamota lamaan dhimmootni kun kallattiin ilaallatu walitti hidhuu qaba. Irra caalatti, madda sanyii horsiisaa (lack of breeder seeds) fooyyessuun ni barbaachisa. Kana milkeessuuf qaama mootummaa dhimmichi kallattiin ilaallatu kan akka qorannoo qonnaa fi yuunivarsiitii akkasumas qorataa biqilaa sadarkaa naannoo fi biyyoolessaa wajjin marii taasisuun hojjachuun gaariidha. Gara biraatiin, ijaarsa dandeettii ogeessota seektara sanyii cimsuu fi guddisuun barbaachisaadha. Yuunivarsiitiin Haramaayaa giddugala beekumsaa qonna keessatti gonfatee waan qabuuf dursa fudhatee hanqina kana akka furu pirojeektiin ISSD irratti hojjachuu qaba.

Barbaachisummaa sanyii qulqulluu hubachuun gareen gorsaa tajaajila seektara sanyii (seed core group) Oromiyaa bahaa kaawunsilii walitti dhufeenya qorannooo fi qoodafudhattoota sadarkaa godinoota Harargee fi naannoo; akkasumas gorsaa tajaajila seektara sanyii Biiroo Qonnaa fi Qabeenya uumamaa Oromiyaa; fi koree dhaabbii caffee mootummaa naannoo Oromiyaa dhimmichi kallattiin ilaallatu wajjin tahee danqaa bu'uuraalee misooma sanyii fi sona sanyii sadarkaa qorannoo qonnaa salphisuuf akka dhiibbaa godhu tumsaa gochuu qaba.

Qoodafudhattoota seektara sanyii jidduu gahee fi ittigaafatamummaan iftoominaan kaa'uu, fedhii sanyii bu'uuraa sassaabuu, fi dhimma sanyii bu'uuraarratti aadaa waliin karoorsuu cimsuurratti raayyaan hojjachuun ni barbaachisa. Kana milkeessuuf raawwachiiftota manneen hojiitiif ittigaafatamummaa kennuun barbaachisaadha. Itti dabalee, odeeffannoo fedhii sanyii bu'uuraa fi gabaa sanyii fooyyessuudha. Fakkeenyaaf fedhii sirrii teeknoolojiin deeggarame sassaabuu.

Dhimmi inni biraa ammo, sanyiilee midhaanii wabii midhaan nyaataa fi diinagdee biyyattii fooyessuuratti gumaacha qaban adda baasanii sadarkeessuun xiyyeefannoo laachuun ni barbaachisa. Kuniis kan barbaachiseef, hudhalee sirna sanyii keessatti jiru furuun oomishtummaa sanyiille midhaanii kanneenii dabaludhaafidha.

Xumurarratti, geggeessitoota manneen hojii qorannoo qonnaa fi Yuunivarsiitii wajjin marii gochuun caaseffama oomishaa fi dhiheessa sanyii bu'uuraa moggaasuu ykn caaseffama kaayyoo mana hojichaa dhimmi walfakkatu keessatti hundeessuudha.





Waltajjii marii qorannoon qonnaa, yuunivarsitii fi Waldaa Oomishtoota sanyii giddutti dhimma fedhii sanyii bu'uuraa sassaabuu fi karoorsuu irratti taasifame

**Oomisha Sanyii bu'uraa Melkaasaa-2 yuuinivarsitii Haramaayaatiin oomishame**

# Agarsiisa Sanyii






Piroojektiin BENEFIT-ISSD dameen Oromiyaa Bahaa sagantaa 'agarsiisa biyyoolessaa kan bu'aawwan hidhata qonnaa, induustirii, nyaataa fi pilaastikii "irratti hirmaachuun agrsiisa sanyii fi soorata adda addaa kan dinichaarraa hojatame dhiheesseera.

**Pirojektii BENEFIT-ISSD damee baha Oromiya, Yuunivarsitii Haramaayaa**
**Odeefannoo dabalataa Maxxansaa kanaa ilaalchisee:**
**Kamaal Qaasim |Ogeessa waljijjiiraa Beekumsaa fi Dagaagsa Dandeetii|kemalkasim@yahoo.com|+251-913179853**
**Odeefannoo dabalataa Pirojektii BENEFIT-ISSD damee Oromiya ibaha laalchisee:**
**Prof Nugusee Dachaasaa (PhD)|Qindeessaa damee baha Oromiyaa|nigussiedechassa@gmail.com|+251-915321046**
**Odeefannoo dabalataa Pirojektii BENEFIT-ISSD Itoophiyaa ilaalchisee**
**Amsaalu Ayaanaa (PhD)|Gaggeessaa biyoollessaa| aga.amsaluayana@gmail.com|+251-911842210**